# 36. NIITIN CH'UBBITIIN MIILA YESO D'IT'EE

**Luka 7:36-50**

Namichi Farisayo toko Yeso gololaa yaame, jennaani Yesoni mana isaa seene tae gololfate. Jennaani niitiini jireenna ch'ubbuu jiraate toko ta dira suni, aka Yesoni mana nama Farisayo keesa sagale nyaatu d'ageennaani dulo d'ad'a qayya qabduuni d'ufte. Isiini duuba fulla miila isaa ejatte boote imimaani miila isaa irati ch'och'obsite, rifeensa mata ufitiini haat'e, miila d'ungate, d'ad'a suni dibde.

Jennaani namichi Farisayo ka isa gololche kaani garaa ufi keesati waan jed'e, "Ato sila namichi kunini raaga tahe, aka niitiini isa tut'u tunini sharmut'atiifi nama daba imbeekha."

Yesoni waan jed'eeni, "Simoni, anini dubbi toko ta siini jechu qaba." Inni waan jed'e, "Goofta, maal?" Yesoni waan jed'eeni, "Nami lama nama tokko irra liqe fud'ate; toko shilingi kunki shani, kaani shilingi d'ibba shani. Baasu dad'abani jennaani namichi kaani worra lachuyu lakise. Tanaafi, mala keeti, kamiti ira isa jaalata?"

Simoniini waan jed'eeni, "Waan anini sehu, ka hori ira gudda lakisaniifi." Inni waan jed'eeni, "D'uguma baanta." Niititi garagale waan Simoniini jed'e, "Niiti tana agarta? Anini mana kanke seennaani atini bisaani miilale naa inkennine, ammo isiini imimaani ufitiini miila kiyya d'it'e, rifeensa mata ufitiini nara haat'e. Atini na ind'unganne, ammo isiini haga anini arma seene miila kiyya d'ungachu illakimne. Mata kiyya atini imuune, ammo isiini miila kiyya d'ad'a qayyaa dibde. Tanaafi anini siti hima, Daba isii heddu la araaramaniifi maro isiini guddo na jaalatteefi. Ammo ka diqo araaramaniifi sunini diqo jaalata." Jennaani inni isiini, "Daba kanke la si araaramani" jed'e.

Jari isa woliini tatau garaa ufi keesati waan woliini jed'e, "Eennu kunini ka dabale dandae namaa araaramu?" Inni waan niiti taaniini jed'e, "D'ugefachaani tante la si baafte; beeni, nagayaani gali."

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Atin nama waan tokko irra guddo ch'eere, kha nama ch'ufa fi man Waaqallee nafaan didu, takka argitani? Atin yo balchooma iti argatte, nama si bira taauti haasai.

**ODUU: Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**

**Waan YESO nu maan baranna? Kara kamiini akka Yeson Waaqa argina?**

- **Oduun tunii waan Yesoo maan barsiifti?**

- **Oduun tunini kara kamiini humnaafi jabeenna Yeso garsiifti?**
  - Inni humnaafi jabeenna namaa ch'ubbicha hamaalle araaramuuni qaba. Inni jireenna niitii jijiire akka isiini mana Farisaayo seenu hinsodaanne.
- **Oduun tunini kara kamiini beekumsa Yeso nu garsiifti?**
  - Inni waan Simoniini kha Farisayo herregeefi ammalle akka in Yeso wolaala iti mureelle imbeekha.
  - Inni onne niititiifi haala ch'ubbuu ta isiin kees jirtuulle imbeekhe.
- **Oduun tunini kara kamiini tola eeba Yeso nu garsiifti?**
  - Inni niiti ch'ubbitii ta d'ugeefachaani isaati d'ufte, ind'iyeese.
  - Inni namicha Farisayo man isa deeme, d'ugeefachaati d'iyeese, ato akka inni araara gale nu inarginillee.
  - Akka nami ch'ubbu guddo araaramiifi jaalala guddo qabuulle inni inkakhate.
- **Oduun tunini kara kamiini amanammumma Waaqa nu garsiifti?**
  - Baasan nuu kakhatani ch'ubbuu nuu araarame, abaarsa ch'ubbuu inch'absa. Inni niiti suni akkas tolcheefi. Abaarsa ch'ubbuu jireenna isii irra ch'abse.

**<u>Oduun tunini NAMA irra maan nu barsiifti?</u>**

- **Oduu tana keessa nama akka lamaati jira (Yeso biraati)- Ch'ubbichi eennu?**
  - Worri lachuu ch'ubaaleyi. Ch'ubbuuni niitin kees jirtu, jireenna hinfakaanne, jrieenna algalooma. Ch'ubbuuni Simonii ufguddisu, qulqullooma ufii barbaadu, yokhaan nama d'ibi wolaala iti muru.

**<u>Oduun tunini akka nami Waaqan wold'aqu irra maan nu barsiifti?</u> Ammalle akka wold'aqiisi nuufi Waaqa jiddu jiru, dandaee akka nu nama d'ibiillen wold'annu nu qarqaara?**

- **Nami araaramaniifi eennu? Nami inaraaraminiifi eennu?**
  - Niitii araaramani. Namichaa inaraaramne.
- **Yo akkasi, gara garummaani worra kana lamaani maani, ilaalcha worra kha ch'ubbuu isaani laallu?**
  - Gara garrummaani worra kana lamaani tana, niitini ch'ubbuu ufii imormanne. Isiini akka Baasan isii male imbeette, Baasa suniiti imbaqatte, ammalle waan isa argatteefi guddo gammadde.
- **Akka worri nama d'ibiin wollaanu irraati, gara garumaani nu worra kana lamaani jidduuti arginu tami?**
  - Niitini jaalalaafi naasu Baasaatini wolwoldeette. Waan kanaafi isiin dandeette jaalala isii diidumaati mullisu dandeette. Herrega nama d'ibii hinsodaanne. Isiin jaalala Baasaa guddo garsiifte. Isiini nama d'ibiille jaalachuu dandeete- ch'ubaaleyi d'ibiiti himte, fula qarqaarsa argateefi akka worrilleen qarqaaramu.

    - Namichi Farisayoo ufiin guutame. Inni ufguddise, nama jibbee, ammalle nama d'bii wolaala iti mure. Akka ufiiftu fitte qabu hingarre. Inni ballaa balaa itideemuti jirtu argu dad'abe tahe. Nama jaalachu dad'abe. Nama d'ibii jibbe ufi ch'allaa jaalate.
    - Wengelaati D'UGEEFACHUU fi D'UGEEFACHUU D'ABU.
  - Araara argatte (Niitin) ammo kaani imbade (namichii Farisayoo).
  - Nama d'ibii JAALACHUU (Niiti) fi nama d'ibii JAALACHUU DIDUU (Namicha Farisayoo).
- **"Waan ch'ubbuu isii araaramiifi isiin guddo jaalate." Akkan jechuuni jaalala isiiti araara isii kenne jechuu?**
    - AKKASIINITI! Yeson waan jed'e, "D'ugeefachaan tante layyu si baafte."
    - Jaalalti akka araarafi, baafama mirkaneesiti.

**GABAABINNAATI:**

- Nami haraaramaniifi ufirraati imbeekha ammallee ind'ugeefata ammalle gula jiraata- namaafi Waaqalle INJAALATA. Jaalalti akka jaalatamteefi akka araara argatte garsiisu.
- Wengeli maani? Akka waani, nami khad'attuuni tokko khad'attu d'ibii jila guddo nyaata dansa qabduuti d'iyeesuti. Inni d'offate hintaauni!

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u> :**

- Worri nu jaalachuufi rakkachuuti jirru kunini worra akkami? Worri nu guddo qorru kunini kami?
- Yo atini akka ch'ubbicha gudda taate ufi beette ammalle akka Baasan yo ch'ufa guddo sii feesisu beette, wonti kunini kara kamiini ilaalacha atin nama d'ibii yokhaan nyaapa kanke laaltun jijiirti?

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u>**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **Nami atin jaalachuu dad'abuuti jirtu tokko eennu?** Nami atin yo chufa iti jabeesite qortu eennu? Nami atin irra d'iibbi qabdu eennu? Nami atin inaraaraminiifi eennu? **Haraara Kristo guddisani qit'oomani argachuuni kara kamiini akka atini nama kana jaalatu si tolchiti?**